



Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>



Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Kutaa 4



Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- ◆ Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- ◆ Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- ◆ Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- ◆ Dhumarratti, gaaffilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffilee arman gadii deebisi

1. Bosonni faayidaa maalii qaba?
2. Akkataa naannawaa keetti manca'insa bosonaaf sabaaba kan ta'e maali?
3. Manca'insi bosonaa dhiibbaa maalii fida?



Boqonnaa 1: Bosona

Bosonni tuuta mukeeniiti. Bosonni kun ammoo madaala naannoo eeguurrati shoora guddaa taphata. Kana malees, qoraan, ijaarsa manaafi hojii meeshaalee mana keessaatiif bosonni faayidaa guddaa qaba. Kanaafuu, bosonni utubaa jireenya lubbu-qabeeyyiiti jechuun nidanda'ama.

Bosonni barbadoofnaan jireenyi dhala namaa rakkisaa ta'a. Rakkoon kun ammoo wantoota barbaachisummaan isaanii sadarkaa gadaanaadhaa hanga sadarkaa olaanaatti jiran irraan dhiibbaa geessisuu danda'a. Akka sadarkaa gadaanaatti kan ilaalaman wantoota jiraachuu dhala namaatiif murteessoo hintaanedha. Kun ammoo kanneen akka sooromuu, konkolaataafi, xiyyaaran deemuufaa ta'uu malu. Isaan kanaan alas jiraachuun nidanda'ama qabanni isaa quufarratti waan argamaniifi.

Wantonni akka sadarkaa olaanaatti lakkaawaman ammoo bishaan, qilleensaafi nyaata. Dhalli namaa bishaan osoo hindhugin guyyoota muraasaaf qofa jiraachuu danda'a ta'a. Qabanni isaa dhangala'aan qaama namaa keessa jiru harki sadii bishaan waan ta'eef. Bishaan dheebuu qofaaf osoo hintaane nyaata bilcheessuufis tajaajilli inni qabu sadarkaa isaa olaanaa taasisa.

Qilleensa yoo fudhannee ammoo jireenya dhala namaatiif hunda caalaa barbaachisoo ta'uu mala. Namni tokko daqiiqaa murtoofte osoo qillensatti hinfayyadamin turuu danda'a ta'a. Sana booda du'uu danda'a. Qilleensi namaaf barbaachisaa ta'e kun ammoo jiraachuu bosonaarraa argama.

Haata'u malee, namoonni hanga wantoota sadarkaa gadaanaatti lakkaa'amanii qilleensaaf xiyyeeffannoo hinlaatan. Kun ammoo sababa tolaan argamuuf ta'uu mala. Sababa tola argamuuf, osuma qilleensa dhabuun rakkoo guddaa qabaachuu isaa beekanii maddaa qilleensaatiif kunuunsa gochuu dhabuun bal'inaan mul'ata. Bosonnis kanumaaf manca'a.

Bosonni utubaa jireenyaa ta'e kun manca'uun dhiibbaa adda addaa geessisa. Dhiibbaa manca'iinsa bosonaatiin dhufan keessaa inni tokko hongeedha.

Inni biraan ammoo madaallii naannoo dabsuudha. Bosonni manca'uun lakkoofsi uummataa akka xiqqaatu taasisa. Itti dabalees, manca'uun bosonaa bineensota da'oo dhabsiisuu, lafa sigigaachisuufi lolaafi bubbeef saaxiluu danda'a.

Dhiibbaawwan armaan olitti tuqaman kunneen kallattiinis ta'ee alkallaattiin jirenya dhala namaarra gahuu danda'u. Dhiibbaawwan kunis walirraa adda hinbahan. Tokko isa biraatiif qabata yoo ta'u, kan si'a tokko qabataa, si'a biraa ammoo bu'aa ta'uu mala. Qabatas ta'anii bu'aa, manca'uun bosonaa miidhaa olaanaa geessisuu danda'a.



Boqonnaa 2: Hongeen Babal’achuu

Miidhaan manca’uu bosonaatiin dhufu inni tokko hongeen babal’achuudha. Hongeen roobni yeroo dheeraaf dhabamuu isaatiin rakkoo mudatudha. Kun ammoo bishaaniifi roobni haphachuu yookiin dhibuudhaan rakkoo qaqqabudha. Hongeen yoo babal’ate biqiltoonni nigoggogu.

Biqiltoonni goggognaan ammoo bineeldonni waan sooratan hinqaban. Bineeldonni ammoo soorata malee jiraachuu hindanda'an. Kanaafuu, wanti sooratan dhabamnaa lubbuun jiraachuu hindanda'an. Bosonni utubaa jireenyaati kan jedhamuufis kanumaafi.

Dhiibbaan manca'iinsa bosonaatiin dhufu inni biraan dabuu madaalli uumamaati. Madaala uumamaa kanneen dabsan keessaa tokko qilleensi jijjiiramuudha. Jijjiiramuun qilleensaa kan duraan turerraa maquu mul'isa. Kana jechuun, qilleensi duraan qabbanaa'aa ture gara ho'aatti, kan ho'aa ture ammoo gara qabbanaa'aatti jijjiiramuudha.

Kana malees, jijjiiramni qilleensaa kan mul'atu bokkaan yeroo malee roobuufi yeroo roobuu qaburra darbuudha. Bokkaan yoo yeroo malee roobe, biqilootaafi bineeldota dhukkuba adda addaatiif


saaxiluu danda'a. Yoo yerootti roobuu dhiise ammoo madda soorata lubbu-qabeeyyii sanaa gaaga'a. Kanaafuu, yeroo malee roobuufi yerootti roobuu dhabuun dhiibbaa mataa isaanii qabu.

Dhiibbaan jijjiirama qilleensaa inni biraan ammoo akka qilleensi gubataan naannootti baay'atu taasisuudha. Baay'achuun qilleensa gubataas ho'insi akka dabaluu godha. Akkuma ho'inni dabalaa deemuun ammoo qilleensi faalamaa deema. Qilleensa faalame keessa jiraachuun ammoo rakkisaa ta'a.

Faalamuun qilleensaafi jijjiiramni qilleensaa dabaree walmiidhu. Si'a tokko faalamuun qilleensaa jijjiiramuu isaatiif qabata ta'a. Si'a biraa ammoo jijjiiramuu qilleensaatu akka inni faalamu taasisa. Kanaafuu, faalamniifi jijjiiramni qilleensaa dhiibbaa gar-lamee qabu jechuudha.

Kana malees, qilleensi faalame akka roobni faalamu godha. Faalamni roobaa kun ammoo asiidiin akka guutamu isa taasisa. Roobni asiidiidhaan guutame biqilootas ta'ee bineeldota irratti dhiibbaa guddaa qaba. Roobni akkasii kun ammoo biqiloota mancaasa. Baalas ta'ee dameen isanii akka tortoru taasisa.

Biqiloota bokkaan asiidiin keessatti baay'ate itti roobe bineeldoonni yoo dheedan dhibee garaagaraatiin qabamuu danda'u. Dhibeen sunis ajjeesuus danda'a. Bokkaan asiidiin keessatti baay'ate biqiltoota miidhuurra taree kanneen biqiltoota sooratanillee miidhuu danda'a jechuudha.



Boqonnaa 3: Lubbu Qabeeyiin Miidhamuu

Dhiibbaan manca'uu bosonaatiin dhufu inni biraan ammoo baay'ina uummataa xiqqeessuudha.

Akkuma baay'inni uummataa manca'uu bosonaatiif qabata ta'e, manca'uun isaas xiqqaachuu baay'ina uummataatiif qabata ta.uu danda'a. Kana jechuun, uummanni baay'ate lafa qubannaa barbaachaaf bosona mancaasa. Kana malees, qoraaniif, ijaarsa manaafi meeshaalee mana keessaa argachuuf bosona mancaasa.

Oomisha callaa akaakuu addaddaatiif namoonni bosona nimancaasu. Namoota gochaa akkasiirratti bobba'aniif dhiibbaan manca'uu bosonaatiin dhufu dafee hingaluuf ta'a. Yeroo hedduu namoonni akkasii kan dammaqan erga miidhaan irra gahee booda. Fakkeenyaaf, erga roobni dhibee omishni isaanii dhaabateefi beeladni isaanii dhumanii booda dhiibbaan isaa galaaf jechuudha.

Kallattiinis ta'ee alkallattiin jireenyi bineeldotaa biqiltoota irratti hundaa'a. Bineeldonni soorata isaanii harka caalaa biqiltoota irraa argatu. Kanaafuu, biqiltoonni dhibnaan beeladoonnis jiraachuu hindanda'an jechuudha. Manca'uun bosonaa hongee fiduun namootas ta'ee lubbu-qabeeyyiin biroo akka dhuman taasisa.


Dhiibbaan manca'iinsa bosonaa inni biraan bineesota da'oo dhabsiisuudha. Bineensonni dahoo dabnaan nigodaanu. Kun ammoo biyya isaan irraa godaanan sanarraan dhiibbaa guddaa ga'a. Dhiibbaan kunis karaa adda addaa ilaalamuu danda'a.

Bineensonni godaanuun sharafa biyyi tokko biyya biraarraa argattu nixiqqeessa. Biyyi galiin ishii baay'inaan turizimiirratti hundaa'e tokko yoo bineensonni irraa godaanan nirakkatti. Manaca'uu bosonaarraan kan ka'e, turistoota harkisuun galiin ishiin argattu gadi bu'aa deema jechuudha. Kun ammo kallattiin guddina dinagdee biyyaattii irraan dhiibbaa geessisa.

Dhiibamuun dinagdee biyya tokkoo kunuunsa namoonni biyyattii uummataafis ta'ee bineensotaaf taasisan nilaaffisa. Kun ammoo dahoo bineensotaatiif yaadda'uun hafee dahoo jiraattota ishiitiifis akka yaaddoftu karaa saaqa. Dhiibbaan manca'uu bosonaatiin dhufu inni biraan soorata bineensotarraa argamu xiqqeessuudha. Uummanni sharafa biyya alaa ittiin argachuurra taree foon bineensotaa nyaataaf itti fayyadama. Manca'uun bosonaa bu'aa akkasiifaa nama dhabsiisa jechuudha.

Akkuma loon bosonatti bobbaasuun manca'uu bosonaa geessisu, bosonni manca'uunis miidhamuu loonii qaqqabsiisa. Jireenyi loonii irra caalaa margarratti hundaa'a. Margi ammoo kan biqiluu danda'u yoo bokkaan roobedha. Jiraachuu bokkaatiifis jiraachuun bosonaa murteessaadha.

Kanaafuu, loon bosona mancaasuun deebisee loonuma miidha. Loon miidhamuun ammoo abbaa loonii miidha. Hawaasa akka Oromoo warraa loon waliin hidhata guddaa qaban maca'uun loonii garmalee gaaga'a.



Boqonnaa 4: Sigigaachuu Lafaafi Dhiqamuu Biyyee

Miidhaan manca'uu bosonaa kan biraa lolaadhaan dhiqamuufi bubbeedhaan haxaawamuu biyyeeti. Lafti bosonni irra hinjirre akka salphaatti lolaadhan dhiqama. Yeroo baay'e lafti lolaadhaan dhiqamu kan irrangadee yookaan tabba ta'edha. Osoo tabbi bosonaan uffifamee, lolaan akka salphaatti dhiquu hindanda'u.

Kunis kan ta'u bosonni hiddaafi jirma isaatiin biyyee haammatee qabuu waan danda'uufi. Dhiibbaan manca'iinsa bosonaa inni dagatamuu hinqabne ammoo bubbeedhaan dhiqamuu yookiin haxaawamu biyyeeti.

Dhiibbaan kun dhibuu bosonaarraa madda.
Sigigaachuun lafaas manca'uu bosonaarraa dhufa.
Lafti kan sigigaatu yoo hiddas ta'ee mukkeen
hammatee biyyee qabu dhibedha. Yaada kanas kan
dhugoomsu lafti mukni irra jiru rakkoo akkasiitiif
saaxilamuu dhabuu isaati.

Gabaabumatti, dhiibbaan manca'uu bosonaatiin
dhufu bifa garaagaraa qaba. Dhiibbaan tokkos
kan biraatiif qabata. Jijjiramni qilleensaa yeroo
oomishaa wallaalchisuuf qabata ta'a. Yeroon
oomishaa wallaalamuun ammoo akka namni midhaan
nyaataatiin of dadhabu taasisa.

Kana malees, manca'iinsi bosonaa qilleensa faaluun
akka inni summaa'u taasisa. Qilleensi summaa'e
ammoo dhibee garaagaraatiif lubbu-qabeeyyii
saaxila. Lubbu-qabeeyyiin dhibeedhaan qabaman
ammoo anniisaa dhabuun rakkoo dandammachuu
dadhabu.

Gama biraatiinis, jijjiiramni qilleensaa madaalli uumamaa jal'isuu, madaallin uumaamaa jal'achuunis ammoo jijjiirama qilleensaa fiduu danda'a. Jijjiiramni qilleensaa babal'achuun hongeeffi gammoojjummaas nidhaqqabsiisa. Hongeeffi gammoojjummaan babal'achuun ammoo biqiloonni akka manca'an taasisa.

Manca'iinsi biqilootaa warra isaan sooratan mancaasa. Manca'iinsi bosonaa dhiibbaa kallattii hedduu qaba jechuudha. Kana jechuun maca'iinsi bosonaa dhiibbaawwan armaan olitti tarreeffaman qabaachuu isaanii hubachuun irraa of baraaruun ammoo abshaalummaadha.


Kanaafis namoonni yoo muka muranii mana ijaaran, bakka muka sanaa biqiltuu dhaabuu qabu. Itti dabalees, loon bosonatti bobbaasuurraa of eeguun dirqama jireenyaati. Dirqamni kun ammoo kan nama hundaati.

Walumaa galatti namni kamiyyuu kunuunsa bosonaaf ofeeggannoo gahaa yoo taasise, madalliin uumamaa akka hinjijjiiramneef tumsa taasisa jechuudha. Tumsa kanaanis qilleensa qulqulluu keessa of jiraachisuurra taree, biyyee gabbataarraatti oomishee nyaachuu danda'a.

Gaaffiilee dubbisuun boodaa


1. Miidhaan manca'iinsi bosonaa geessisu maal fa'i?
2. Bosonaaaf kunuunsa gochuun maalif barbaachisa?
3. Ati manca'iinsa bosonaa hambisuuf maaltu ta'uu qaba jetta?

Turkian
Kursak 2




Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa


Level 2



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 5




Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa


Level 5



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 6




Ilmoo Tujaara


Level 6



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 10




Gargaarsa


Level 10



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 11




Hojii Dhiiraafi Dubartii


Level 11



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 13




Daawwannaa


Level 13



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 15




Daawwii Garee


Level 15



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 16




Bishaan Daakuu


Level 16



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 20




Qusannoo Bishaanii


Level 20



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 24




Dhaamsa Haadhaa

Level 24



Afaan-Oromoo



Turkian
Kursak 27



Haadha Bariisoo


Level 27



Afaan-Oromoo




Turkian
Kursak 27



Gabaa Markaattoo

Level 27



Afaan-Oromoo

